# Garaagarummaa SD Labsii Lakk.166/1952 Fi Labsii Lakk.1243/2013

**Qopheessaan:- Tafarii H/Maariyam,**

**Sad/2014**

**ILOQHQSO**

# Gaaffii Dursaa

- Garaagarummaa labsii SD Lakk.166/1952  fi lakk.1243/013 maal maal akka ta’e tarreessuun ibsi!

## Kaayyoo fooyyeffama Labsii Daldala Haaraa:-

- Mirgoota investerootaa, daldaltootaa fi abbootii qoodaa haala madaalawaa ta’een eeguu,
- Sadarkaa idil Addunyaatti biyyattiin diinagdeen dorgomaa akka taatu,
- Guddina diinagdee fi lammiilee Dagaagsuu.

# Qabiyyee Leenjii

- SD Haaraa Kitaaba 1ffaa daldalaa fi dukkaana...
- Kitaaba 2ffaa Dhaabbilee Daldalaa
- Kitaaba 5ffaa Sirna Kisaaraa
- Kitaabni 3ffaa fi 4ffaan SD duraanii Geejjiba fi haguuggii, sanadoota daddarbaa fi hojii baankii kan jedhu hin tuqamne.

# Daangaa Raawwii labsii 1243/013

- Qaamni bulchiinsaa
- Dhaabbatni hawaasummaa(civic organization)
- Dhaabbatni amantaa
- Waldaaleen Hojii Gamtaa hojii daldalaa kwt.5 jalatti ibsame raawwataniif daldalaa hin jedhaman.
- Hambifata:-Haala addaatiin seeraan ifatti yoo tumame ykn dhaabbata daldalaa keessatti abbaa hirtaa(share holder or partner) yoo ta'an.

# Aangoo

- Tumaalee Kitaaba 1ffaa jalatti ibsaman:- Dhimmoota akka hariiroo bittaa fi gurgurtaa, wal-dorgommii daldalaa hin malle, mirga dukkaana daldalaa irraa maddu bu’uureffachuun daldaltoota dhuunfaa gidduutti, daldaltoota dhuunfaa fi fayyadamtoota ykn gaafattoota mirgaa gidduuti ka’u ilaalchisee
- hariiroo waliigaltee, waliigalteen alaa ykn yakka irraa madduu bu’uureffatee akkaatuma dhimmichaatti bu’uura SDFHH ykn SDFYtiin manni murtii federaalaas ta’e naannoo Oromiyaa

# Cont...

- Kitaaba II:-himannaa Dhaabbata daldalaa irratti dhiyaatu, bakka dhabbanni daldalaa itti galmaa'e, sababa himannaa(mirga miseensummaa buusii qabeenyaa qaqqabatamoo fi qaqqabatamoo hintaane (patent and copy right), qooda,gaaffiwwan mirga garee 3ffaa waliigaltee fi waliigalteen alaa irraa maddan bu'uura SD, SHH, SDFHH fi labsiilee aangoo manneen murtii hundeessan(216/011,1234/013tiin aangoo federaalaa ykn aangoo naannoolee ta'uu danda'a.

# Cont...

- Hariiroo bakka bu’aa‘wakiila’daldalaa of danda’ee naannoo ykn gabaa murtaa’e keessatti daldalaa bakka bu’u( kwt.42-52)bu’uureffachuun himannaa kaffaltii waliigaltee fi waliigalteen ala dhiyaatu SHH fi seerota rogummaa qaban birootiin aangoon murtaa’a
- Hojjataa fi daldalaa dhuunfaa ykn dhaabbata daldalaa, Ergamtoota fi bakka bu’aa daldalaa(inderase) fi daldalaa gidduu SD kwt.36ff.faayidaa fi kaffaltii ykn waliigaltee qaxarrii cabsuun miidhaa gaggabuuf beenyaa qaafatamu bu’uura

# Cont...

- Hariiroo faddaalotaa fi nama dhuundaa gidduu hariiroo waliigaltee irraa madde ta’uu danda’a SD fi SHH, SDFHH fi labsii 216,1234 bu’uureffachuun aangoo MM adda baasuudha(kwt.54ff).
- Bakka bu’oota komishinii(maqaa ofiitiin bittaa fi gurtaa raawwatan, isaanii fi daldala bakka buuse ykn isaaniif qaama 3ffaa gidduutti falmii waliigaltee bakkoomaa ykn waliigaltee alaa ta’uu danda’a. kwt.58tiin fi SHH kwt. 2234-2252 fi seera rogummaa qabuun aangoo adda baasuun...

# Gaaffii Marii

Himannaa Miseensi Waldaan Itti gaafatamummaan isaa murtaa’e diigsisuuf dhiyaatu keessummeessuuf aangoo hundee dubbii kan qabu mana murtii kami dha jettu? Maaliif?

Dukkaana Daldalaa(Business) jechuun maal jechuu dha?

# . Cont...

FKN:-Qooda (share)walitti gurguruun ykn daddabarsuun wal-qabatee falmii qaamota walitti dabarsan fi waldaa gidduutti uumamu Murtii DhiMMWF jildii 22 galmee lakk. 139385 ilaali! Sadarkaa federaalaatti mana murtii federaalaa jalqabaatti kan dhiyaate ta’uu isaa ilaali!

dhaabbattoota federaalatti galmaa’aanii dhimmi isaanii naannootti dhiyaate ilaalchisee fkf falmii waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e diigsisuuf mana murtii ol’aanaa maajiitti dhiyaate ilaali 94278 vol.17.

**cont...**

- **Dhimma of eeggannoof idaa deebisanii caasessuu, adeemsa deebisanii gurmeessuu fi kasaaruu ofitti fudhatee ilaaluuf aangoo kan qabu MMOF:- kwt.600**
- **iddoo jireenya muummee namtichaatti ykn iddoo waldaan galmaa'ee argamuu fi**
- **Iddoo giddu gala dantaa muummee abbaa idaatti mana murtii kan argamuu dha. (kwt.602)**.
- Bakka bu'iinsaa MMWO ta'a jechuu dha.

# Cont…

**Giddu galli dantaa muummee Itoophiyaa keessa yoo ta’e, Murtii manni murtii aangoo kanaan kennu murtii sadarkaa Idil-Addunyaatti raawwatiinsa qabaatuu dha. Abbaa idaa Iddoo hojii muummee fi qabeenya biyya keessaa qabu irratti murtii adeemsaa manni murtii kennu kan raawwatamu qabeenyuma abbaa idaa daangaa biyya keessaa jiru irratti ta’a.**

# Cont...

**<u>Murtii Mana Murtii Biyyaa Ambaatiin kennamaniif biyya keessatti beekkamtii kennuun raawwachiisuun kan danda’amu kwt.603.</u>**

- **imaammata biyyatiitiin kan wal hin faallesine, gocha waliin dhahuutiin kan hin murtoofne, akkaataa walitti bu’iinsa seera Idil-Addunyaatiin mana murtii aangoo qabuun kan murtaa’e yoo ta’e,waadaa idil-addunyaa biyyattiin seente waliin kan wal-hinfaallessine yoo ta’e, abbaa idaa sana ilaalchisee biyyattii keessatti adeemsi wal-fakkaataan irratti**

# Cont...

Manni murtii adeemsa idaa deebisanii caasessuu,gurmeessuu fi kisaaraa labse dhimmoota kallattiin kanarraa maddan fi walitti hidhatiinsa qaban kannee SD kwt.600(2)irratti tarreeffamanis ilaaluuf aangoo ni qabaata.

Adeemsi waldaa tokko irratti baname waldaa garee sanaa kan biraa irratti raawwatiinsa hin qabaatu.kwt.601.

# Cont..

- **Dhimma yakkaatiin wal-qabatee :-**
- Namni tumaa seeraa dhorkisiisaa darbuun ykn ulaagaa daldalaa otoo hin guutin hojii daldalaa irratti hirmaatachuun,
- gibiraa fi taaksii waliin dhahuun, kwt.23(1),
- hoggansa dhaabbilee daldalaa keessatti amantaa hir’isan bu’uura seera rogummaa qabuutiin mana murtii federaalaa ykn naannoo aangoo qabutti himatamuu danda’a.

# Kitaaba I

## Daldalaa fi Dukkaana Daldalaa

# Fooyya’iinsa SD Haaraa fi Dhimmoota Tokko Tokko

- **Moggaafama Labsichaa…**
- **Hiikoo Daldalaa jedhu kwt.5 jalatti kan duranii’ exhaustive list’ haala ta’een kan kaa’e yoo ta’u kan ammaa garuu gochoota tarreeffamanii fi kana fakkaatan jechuun banaa gochuu**
- **kwt.5 xiqqaa 24 hanga 37 keewwattoota haaraa dabalaman keessaa ragaa inerneetii fi saatalaayitiin walitti qabuu, tamsaasuu fi tajaajilaaf dhiyeessuu, hojii baruuf barsiisuu, tajaajila gorsa ogummaa odiitii, tajaajila yaalaa, tajaajila faddaalummaa**

# Cont...

- wal-fuutota keessaa inni tokko hojii daldalaa hojjatu inni kaan hanga hin morminetti akka hojii daldalaa waliiniitti fudhatama jedha.kwt.27, SD duraanii keessatti garuu faallaa kanaati.

# Dukkaana Daldalaa

- Maalummaa Dukkaana Daldalaa(yenigd medebir); mirgoota qabeenya socho’aa incorporeal kanneen akka maqaa gaarii, mallattoo daldalaa,mirga iddoo daldalaa kireessuu,mirgoota kalaqa sammuu kkf fi qabeenya socho’aa qaqqabatamoo ta’an gosoota daldalaa SD kwt.5 jalatti caqafaman raawwachuuf mi’oota gurmaa’an,shaqaxa fi meeshaalee gurgurtaa adda addaa ni dabalata.SD kwt.106ff

# Cont...

- Dukkaana Daldalaa gurguruuf kireessuun ni danda’ama.kwt.122 fi 147.Qaamni Dukkaana kireessuu fi gurgure daldalaa hin jedhamu, kan bitatetu daldalaa ta’a.

# Cont...

- Mirga wabummaa seera ykn waliigaltee irraa madde bu’uureffachuun dukkaana daldalaa qabachuun ni danda’ama.SD kwt.145,147,
- mirgi wabummaa haala kanaan taasifamu bifa barreeffamaatiin ta’ee qaama ilaallatuun galmaa’uu yoo baate qaama 3ffaa irratti bu’aa hin qabaatu.kwt.148,
- namoonni dukkaana daldalaa wabummaan qabatan yeroo gurgurtaa dukkaanichaa kaffaltii taasifamurratti mirga dursaa ni qabaatu,

# Gaaffilee Marii

- Dukkaana daldalaa kireessuun wal-qabatee eeyyama kireessaa malee ni danda’ama moo hin danda’amu jettuu? SD kwt.119+109 fi 163+SH kwt.2959 walitti araarsaa!
- Gaafattoota mirga wabummaa hedduu gosa tokkoo, akkasumas, mirga wabummaa waliigaltee irraa madde fi seera irraa madde qaban altokkotti gaaffii kaffaltii yemmuu dhiyeessan kamiif dursa laattu?
- Murtii DhIMMWF Jildii 15 lakk. 79561

## Kitaaba II
## Dhaabbilee Daldalaa

- **Garaagarummaa hiikoo Dhaabbilee daldalaa**
- **SD kan duraanii kwt.210 ilaali,…’any association arising out of partinership agreement; jedha.waliigaltee namoota 2fi isaa oliin taasifamu jechuu dha.**
- **kan ammaa kwt.172 irratti dhaabbata daldalaa jechuun waldaa namoonni buusii walitti buusuun bu’aa hirmaachuuf barreeffama hundeeffamaatiin dhaabbatuu dha jedha.**

# SD duraanii

Art. 211. — *Pratnership agreement.*

A partnership agreement is a contract whereby two or more persons who intend to join together and to cooperate undertake to bring together contributions for the purpose of carrying out activities of an economic nature and of participating in the profits and losses arising out thereof, if any.

# SD ammaa

**.rticle 172. Definition**

1/ A business organization is an association established through a memorandum of association by persons who bring together contributions for the purpose of undertaking an economic activity in cooperation and of participating in the profit made.

# Gosoota DhDa SD duraanii

1. Ordinary Partnership(ye hibiret shirkina mahiber)
2. Joint Venture
3. General Partinership(hulet aynet halafinet yalebet shirkina mahiber)
4. Limited Partinership(waldaa shariika itti gaafatamummaan isaa murtaa'e)
5. Share Company(waldaa Aksiyoonaa)
6. Private Limited Company(waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e)

# Gosoota DhaDa SD ammaa kwt.174

1. General partnership;
2. Limited partnership;
3. **Limited liability partnership;**
4. Joint venture;
5. Share company;
6. Private limited company;
7. **One person private limited company**

# Gaaffii Marii

1. Bu’uura SD ammaatiin hiikoon jecha dhaabbilee daldalaaf(Business Organization) kenname amala dhaabbilee daldalaa hundumaa ni ibsa jettanii yaadduu? Maaliif?
2. Akka SD duraaniitti dhaabbata daldalaa tokko hundeessuuf danbiin ittiin bulmaataa qophaa’ee galmaa’uu kan qabu yoo ta’u, akka SD ammaatti garuu kan keessaa hambisee jira, maaliif hambise jettuu?
3. Waldaalee armaan olii keessaa waldaan ogeessonni seeraa tajaajila abukaatummaa kennuuf waliin ta’anii hundeessuu danda’an waldaa kam jettu?

# Waldaa Shariikaa Gamtaa (General Partinership)

1. Dhaabbata daldala miseensonni waldichaa idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa qeenxee fi waliinii itti qabataani dha.
2. Barreeffamni hundeeffama waldichaas ulaagaa SD kwt.185 guuttachuu qaba.
3. Mirgaa fi dirqama shariikotaa sd haala ifa ta’een ibsamee jira. SD duraanii jalatti garuu gara mirgaa fi dirqama miseensota waldaa ‘ordinary partinership’ jedhutti waan akeekuuf iftoomina hin qabu.

# Cont...

- Haala itti bu’aa fi kisaaraa qooddatan,
- Haala itti shariikni haaraan waldaatti seenuu fi mirgi miseensummaa fi faayidaan shariikummaa qaama alaatti darbu
- haala itti hoji gaggeessaan muudamuu fi aangoo irraa ka’u fi itti gaafatamummaa inni qabu ifatti ni kaa’a. SD Kwt.190-2004 ilaali!

# Sababoota waldichi itti diigamu kwt.205

- Waldaa SHA/Gamtaa yeroo hin murtoofneef hundaa’e yoo ta’e miseensi waldichaa beeksisa ji’a 6 dursee kennuun akka diigamu yemmuu gaafatu with an exception
- Waliigalteen diigamuu danda’a
- Walitti bu’iinsa waliin hojjachiisuu hin dandeessifne miseensota gidduu uumamuun
- Du’a ykn dandeettii dhabuu(with an exception), murtiin kasaaruu miseensarratti darbe

# Qulqulleessituu Herregaa

- Waliigaltee shariikota waldichaatiin ykn mana murtiitiin muudamuu danda’u,kwt.207.
- Aangoo qulqulleessitootaa kwt.208-211
- Tarree qabeenyaa qopheessuu(inventory)
- Galii walitti qabuu, idaa kaffaluu
- Dhabbaticha bakka bu’uu
- Idaa kaffaluu
- Gahee buusii maallaqa muummee miseensotaa gosaa ykn tilmaamaan deebisuu
- Bu’aa argamu miseensotaaf qooduu kkf.

# Waldaa Shariika Itti Gaafatamummaa Gos-Lammee SD kwt. 212 (Limited partinership),

Waldaa SH/I/Gos-Lammee

1. shariikoota itti gaafatamummaa h[illegible]murtoofne [illegible]qaban

2. shariikota itti gaafatamummaa m[illegible]taa'e qaban

- Barreeffama hundeeffamaa keessatti ykn murtii miseenstotaatiin yoo murtaa’e malee hoji gaggeessaa ta’uu kan danda’u miseensa itti gaafatamummaan isaa hin murtoofne qofa dha.
- Miseensi itti gaafatamummaan isaa murtaa’e yoo du’e ykn dandeetti dhabe ykn kasaare diigamuu waldichaatiif sababa ta’uu hin danda’u.
- Waliigaltee miseensota birootiin ala gahee ofii nama birootiif dabarsuun hin danda’amu.

- Waa’ee buusii miseensummaa,gahee ofii namni biro akka itti fayyadamu gochuu, waa’ee hoggansaa, diigamuu fi qulqulleessa qabeenya waldichaa ilaalchisee tumaan SD kwt.187-211 kan waldaa shariika Gamtaatiif tumame waldaa shariika itti gaafatamummaa gos-lammeetiifis raawwatiinsa ni qabaata.

## Waldaa Shariika Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa’e(limited liability Partinership) SD kwt.221

- waldaa daldalaa namoonni lamaa fi lamaa oli tajaajila ogummaa ykn deeggarsa ogummaa kennuuf hundeessan ta’ee itti gaafatamummaan miseensotaa hanga buusii isaaniitiin kan murtaa’u jechuudha.

# Cont...

- Waldicha miseensota isaa irraa qaama namummaa seeraa adda ta’e qaba. kwt.222+209
- Kanaaf waldaa shariika Gamtaa(sd kwt.205(1,bfi d) irraa kan adda isa taasisu yoo ta’u, waldaa shariika itti gaafatamummaa gos-lammee ilaalchisee garuu haala miseensota itti gaafatamummaa murtaa’ee kwt.218(7)waliin wal-fakkaata

# Cont...

- Miseensa waldichaa ta’uu kan danda’u ogeessa eeyyama ogummaa qabu ykn waldaa shariika itti gaafatamummaan murtaa’ee fi dhimma wal-fakkaataa irratti tajaajila kennuudha.SD kwt.221.
- Miseensi ykn hojjataan waldichaa yemmuu hojii waldichaa hojjatutti ta’e jedhee ykn dagannoon gocha raawwateef miidhaa qaqqabutti waldicha abbaa miidhaa qaqqabsiise waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata.

# Cont...

- Abbaan miidhaa qaqqabsiise itti gaafatamummaa kan hin qabne ta’uu isaa miidhamaan kan beeku yoo ta’e garuu waldichi itti gaafatamummaa hin qabaatu.Kanaan alatti waliigaltee ykn waliigalteen alaan itti gaafatamummaa dhufuuf kan itti gaafatamu waldichuma qofadha.Kanaafis waldichi haguuggii wabummaa ‘insurance covarage’ qabaachuu akka qabu seerri ni tuma.(SD kwt.228).

# Haala shariikni waldaa keessaa bahu

a. Haala addaatiin barreeffama hundeeffamaa keessatti yoo hin ibsamne ji’a sadi dursee beeksisuun fedhii isaatiin bahuu
b. Yoo du’e ykn miseensi qaama namummaa qabu yoo diigame
c. Gaafattoonni maallaqaa gahee isaa akkuma jirutti yoo fudhatan ykn kisaaraan yoo irra gahe
d. Eeyyamni ogummaa miseensichaa yoo haqame ykn yeroo dheeraatiif yoo dhorkame
e. Sababa dhukkubaa ykn miidhaa qaamaatiin itti fufiinsaan dirqama shariikummaa bahachuu kan hin dandeenye yoo ta’e.

# Cont...

- Qaamni keessaa bahe gahee isaa seera qabeessaan qaama biraatti kan dabarse yoo hin taane idaan waldichaa erga kaffalee booda buusiif bu’aan hafe yoo jiraate herregameefi isaaf ykn qaama bakka bu’eef kan kennamu ta’a.(SD kwt.230), sababoonni diigamiinsa waldaa tiif akka waliigalaatti kwt.181 jalatti eeraman akkuma jiranitti ta’anii lakkoofsi waldichaa nama `tokkotti gadi yoo siqee hanga ji’a 6tti sirreessuu yoo baatan waldichi diigamuu danda’a.

# Cont...

- keewwattooni waldaa shariika Gamtaa SD kwt.187-211 kan akka mirgaa fi dirqamni miseensotaa,dirqamni buusii,gahee ofii dabarsuu, aangoof itti gaafatamummaa hoji gaggeessaa,diigamiinsa fi aangoo qulqulleessituu qabeenyaa akkaataa galumsa isaaniitti waldaa shariika itti gaafatamummaan murtaa'eefis raawwatiinsa ni qabaatu.

## Gaaffilee Marii

1. Dhukkubsachuun, du’uun ykn dandeettii dhabuun miseensaa waldicha keessaa bahuuf malee waldicha diiguuf sababa gahaa ta’uu hin danda’u yaada jedhu ni deeggartuu? Maaliif?
2. Miseensota waldaa shariika itti gaafatamummaa murtaa’e qaban gidduu wal-diddaan cimaan waliin hojjachuuf isaan hin dandeessifne yoo uumame diigamuu waldichaatiif sababa gahaa dha moo miti?

## **Waldaa Aksiyoonaa,** SD kwt.245ff

- kaappitallii isaa dursee aksiyoonaan qoodama
- itti gaafatamummaan miseensaa hanga aksiyoonichaa qofarratti kan murtaa'uu dha.
- Itti gaafatamummaan miseensotaas hanga buusii waldichaaf buusuuf waliigalan sana hin darbu.
- Sd duraanii irratti hangi qoqqooddii ykn 'par value'gatiin aksiyoonaa tokkoo gad-aanaan qar.10 kan ture gara qar.100tti guddatee jira. SD kwt.247, SD duraanii kwt.306 ilaali.

# Gurmeessitoota vs hundeessitoota waldaa

- Gurmeessaan Eenyu?
- SD duraanii keessatti Gurmeessitoota(promoters) kan jedhu Hundeessaa(founders) jecha jedhuun kan ibsame yoo ta'u. Ulaagaa qaamni hundeessaan(founder) tokko guutuu qabu SD duraanii keessatti hin ibsamne(SD kwt.248 fi 249 ilaali).
- SD duraanii keessatti qaamni hundeeffama waldaa aksiyoonaa jalqabsiise,kan karoorsu, uummataaf affeerraa taasisu akka hundeessaatti kan fudhatamee ture(kwt.307(2)) kan ammaa keessatti gurmeessaa jedhamee jira.

Gurmeessitoonni nama uumamaa ykn dhaabbata qaama seerummaa qaban miseensa ykn miseensa waldichaa kan hin taane dha.

Akka SD ammaatti ogeessi gurmeessitoota waldichaa waliin walii galuun kaffaltiidhaan qorannoo hundeeffama waldaa gaggeessu ykn tajaajila ogummaa kennu akka Gurmeessaa ykn hundeessaa waldichaatti fudhatamuu akka hin qabne ifatti tumamee jira.

Akka SD ammaatti namoota SD duraanii kwt.307(1)irratti eeraman ykn barreeffama hundeeffamaa mallatteessuun kaffaltii kaappitaala kaffalantu hundeessaa waldichaa jedhamuun

# Itti gaafatamummaa Gurmeessittootaa

- Gurmeessitootni waldichaa adeemsa hundeeffama waldichaa keessatti hanga waldichi hundaa'utti gochaawwan raawwatamaniif itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu. (kwt.250).
- SD duraanii irraa haala fooyya'een gurmeessitoonni waldichi erga hundaa'ee booda hanga waggaa sadiitti bu'aa argamu hanga 20% argachuu danda'u(kwt.253) kn duraanii 5% ture.

# Gaaffii Marii

- Hundeessaa yeroo hundaa gurmeessaa waldichaa yemmuu ta’u gurmeessaa waldichaa garuu yeroo hunda hundeessaa waldaa ta’uu dhiisuu mala yaada jedhu waliigaltuu? Garagaagarummaa fi tokkummaa hundeessaa fi gurmeessaa waldaa aksiyoona gidduu jiru ibsi!

# Ulaagaalee hundeeffama waldaa Aksiyoonaa

a. SD duraanii keeaatti danbii ittiin bulmaata waldichaa barreeffama hundeeffama waldichaa waliin milteeffamee galmaa'uu akka qabu kan tumamee ture(kwt.314 fi 318(1,b),323(2,b)ilaali kan ammaa keessatti garuu keessaa haqamee jira(kwt.259,265(3)) ilaali.

b. Kanaaf, akka SD ammaatti waldaa aksiyoonaa tokko hundeessuun barreeffama hundeeffama waldichaa malee dambii ittiin bulmaata waldichaa haal-duree miti.

c. Qabiyyee barreeffama hundeeffamaa kwt.255 ilaali.

# Qaama Namummaa Goonfachuu

a. Waldaan tokko qaama namummaa kan argatu erga galmee daldalaa irratti galmaa'e booda dha.

b. Galmee daldalaa irratti galmaa'uuf;

c. iyyata waliin barreeffama hundeeffama waldichaa qaama ilaallatuun mirkanaa'e,waldaa ummataaf baname yoo ta'e ibsa waldichaa(prospectus),buusii gosaan buufame, gabaasa odiitii fi qaboo yaa'ii walgahii mallatteessitoota aksiyoonaatiin taasifame waliin dhiyaachuu qaba(SD kwt.265(3)ilaali.

# Cont...

a. Waldaan aksiyoonaa ulaagaa seeraan kaa'ame otoo hin guutin yoo galmaa'e sababa ulaagaa guutuu hafeef qaama namummaa akka hin qabnetti hin fudhatamu.

b. Haata'u malee, sababa ulaagaan hin gunneef miidhaa qaqqabu hambisuuf, guyyaa galmaa'eerraa kaasee seera duraanii kwt.324tiin ji'a sadi, SD ammaa **kwt.266n immoo waggaa 1 keessatti** komiin yoo dhiyaate, hanqinni jiru akka

# (qoodaa)Aksiyoonaa

**Gosoota Qoodaa(Aksiyoonaa)**

a.Qooda Abbaa Galmeeffameef,

b.Qooda abbaa qabateef (to the bearer) fi

c.aksiyoonaa waraqaa malee(incorporeal shares).

d.Aksiyoona waraqaan daddarbu

# Cont...

- SD duraaniitiin hanga barreeffama hundeeffamaa ykn dambiin hin dhorkamnetti aksiyoona lachuu keessaa tokko filachuun ykn tokko isa kaanatti jijjiiruun mirga abbaa aksiyoonichaa ture (kwt.325(1)ilaali.
- Akka SD ammaatti garuu galmaa'uu akka qabuu fi aksiyoona qabataaf jedhamee tures gara aksiyoona maqaan galmeeffametti jijjiiramuu akka qabu tumamee jira. SD kwt.267+284.
- 'Qoodni waraqaa malee' kan daddarbu waliigaltee ykn seera bu'uureffachuun maqaa qaama itti darbuu galmeessuun herrega

# Sirna Bulchiinsa W/Aksiyoonaa

## Boordii Dayirekterootaa

Baay’inni yoo xiqqaate miseensa nama sadi yoo baay’aate namoota 13 caaluu hin qabu, seera duraaniitiin 12 caaluu hin qaban jedha.

Miseensota boordii keessaa hojii guyyaa guyyaa waldichaa kan hin gaggeessine 2/3 oli ta’uu qabu,akkasumas ulaagaa SD kwt.297 guutuu qabu.

SD ammaa keessatti namoonni miseensa waldichaa hintaane miseensa boordii ta’uu danda’u.Kunis hanga baay’ina miseensota

# Cont...

Walitti qabaa boordii kan ta’uu garuu nama waldicha keessaa qooda qabu qofa ta’a.

Boordiin barreeffama hundeeffamaatiin moggaafame walgahii gumii miseensota waliigalaatiin mirkanaa’uu qaba, waggaa sadi sadiinis filannoon miseensota boordii ni gaggeeffama.

# Aangoo fi itti gaafatamummaa Boordii Dayirekterootaa

- Aangoo seeraan, barreeffama hundeeffamaatiin ykn gumii abbootii hirtaatiin kenname ni raawwata.
- faayinaansii waldichaa bulchuu,dandeettii kaffaltii raawwachuu waldichaa mirkaneessuu, gurmaa’iinsa waldichaa to’achuu,
- waldichi akka balaaf hin saaxilamneefi hoj-maata keessoo diriirsuu,
- boordii to’attootaatiif(supervisory board) gabaasa barbaachisaa kennuu,
- waldicha irra balaan akka hingeenye ittisuu,

# Cont...

- **Galmeen abbootii qoodaa(share holder), galmeen boordii daayirekterootaa, qaboon yaa'ii walgahii dayirekterootaa fi galmeen herregaa akka qabamuu gochuu.**
- **Galmeen herregaa yeroo barbaachisetti oditerootaaf akka dhiyaatu gochuu.**
- **Walgahii Gumii miseensotaa waamuu, kaappitaala keessaa harki ¾ yoo hir'ate walgahii ariifachiisaa miseensotaa waamuu,**
- **Gabaasa hojii waliigala waldichaa walgahii gumii miseensotaaf gabaasuu.**
- **Waldichi idaa kaffaluu yoo dadhabe ykn dandeettiin kaffaltii yoo hir'ate tarkaanfiin deebisanii idaa gurmeessuu ykn kisaaraan akka**

# Itti gaafatamummaa

- Gochaawwaan seeraan dhorkaman cabsuun waliigaltee raawwatameen miidhaa waldaa irra qaqqabuuf boordiin daayirekterootaa waldichaaf ykn miseensota waldaatiif ykn qaama 3ffaatiif itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata(SD kwt.306(4),kwt.325,kwt.329,330 ilaallata.)

# Cont...

- Liqii dayrekerri waldichaa waliin godhu walgahii waliigala abbootii aksiyoona kubbaaniyyaa sanaatiin mirkanaa'uu qaba(haal-dureen kun SD duraanii keessa hin jiru(kwt.357) kan ammaa kwt.307 ilaali.
- Boordiin daayirekterootaa bu'uura aangoo isaaf kennameetiin, Ykn murtii sababawaa yaada gaariitiin raawwatame bu'uureffatee itti gaafatamummaa dhufuuf beenyaa kaffaluuf kan hin dirqamne ta'uusaa SD kwt.327 ilaali.

# Cont...

- Miseensota boordii daayirekterootaa fi namoonni biroo waldaa waliin hariiroo dhiyeenyaa qaban kan akka waldaa aksiyoona haadhoo(**ennat kubbaniyya)** ykn waldaa aksiyoona hariiroo obbolaa qaban**(Sister Kampany)** ykn miseesnota boordii isaanii, firoottan iaanii ulaagaa firoomaa seera maatii guutan, namoota sheerii 10% fi isaa qaban fi waldaa gidduutti waliigalteen taasifamu walitti bu'iinsa dantaa kan affeeru yoo ta'e eeyyama boordi malee taasifamuu hin qabu(kwt.106).
- Daayirekteroonni waldichaa fi

# Gaaffilee marii

- Kaayyoon waliigaltee liqii walitti bu’iinsa dantaa uumu daangessuu maaliif jettu?

# Enron scandal?

- Hir’inni amantaa fi gochi waliin dhahuu qaama bulchiinsa waldaatiin raawwatamu jireenya waldichaa, qooda fudhattoota,gaafatoota maallaqaa, hojjattoota, hawaasa bal’aa fi diinagdee biyyaa irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa.fkf, Seenaa Enron Scandal’ kaampaanii beekamaa biyya Ameerikaa ilaaluun ni danda’ama.

# Dirqama amanamummaa kwt.316

Boordiin daayirekterootaa kaayoo waldichaa milkeessuuf yaada gaariitiin wanta itti amanan raawwachuu, dantaa waldichaa ykn abbootii hirtaa, dantaa qaama 3ffaa mirga irraa qabu ykn third party creditors, dantaa hojjattootaa fi hawaasa bal'aafi dhiibbaa naannoo irratti qabu ilaalcha keessa galchuun hojjachuu qabu( in modern language this is called about good management and ensurance of corporate ethics.)

Miseensonni boordii eeyyama gumii waliigalaa malee waldichaa waliin hojii waldorgommii qabu ykn wal-fakkaataa ta'e keessatti hirmaachuu hin qaban.kwt.319 ilaali.Gochaawaan waldicha waliin walitti bu'iinsa dantaa uuman irraayis of qusachuu qaba(kwt.320).

# Boordii To’attootaa(BT)supervisory Board

- Qama bulchiinsa haaraa SD ammaatiin beekkamtii argatee dha.
- Baay’inni miseensota namoota 3 hanga 5 kan ta’an gumii miseensotaatiin kan filataman ta’a.
- Namoonni miseensa BT ta’uun filataman abbootii qoodaa qofa ta’uu qabu.
- Itti gaafatamummaan isaanii Gumii waliigalaa miseensotaatiif ta’a.
- Miseensi BD ykn hoji gaggeessan(CEO) Miseensa BT ta’uu hin danda’u.

# Aangoo fi itti gaafatamummaa

- Ragaa hojii isaatiif barbaachisu sassaabuuf qorachuu,
- waltajjii boordii dayirekterootaa irratti sagalee malee hirmaachuu
- gochaawwan dantaa waldichaa miidhan qorachuuf, tarkaanfiin akka fudhatamu gochuu, boordiin dayifrekterootaa yemmuu hin jirretti waltajjii miseensotaa waamuu,
- miseensota boordiis ta’e hoji gaggeessitoota dirqama isaanii hn bahanne qorachuun tarkaanfiin akka irratti fudhatamu boordiif ykn gumii waliigala miseensotaatiif gabaasuu,
- sirna faayinaansii waldichaa to’achuu fi akka qoratamu gochuu fi hojiiwwan biroo barreeffama hundeeffamaatiin kennaman hojjachuu(SD kwt.332 ilaali).

# Cont...

Miseensoonni BT faallaa seeraa, barreeffama hundeeffamaa ykn murtii waltajjii miseensotaa hojjachuun itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxe ni qabaatu.

Miseensota boordii daayirekterootaa ykn boordii to’attootaa irratti himanni hariiroo hawaasaa dhiyaatu guyyaa miidhaa qaqqabe beekame irraa kaasee waggaa lama ykn haala kamiinuu guyyaa miidhaan gahe irraa kaasee waggaa 10 booda dhiyaachuu hin danda’u.kwt.335).

# Hoji Gaggeessaa Ol’aanaa(General Manager(CEO) kwt.337

- Boordii dayirekterootaatiin muudama.
- SD duraanii keessatti Hoji gaggeessaan ol’aanaan dayirektera ta’uu hin danda’u(kwt.348(4), SD ammaa keessatti garuu dayirektera ta’uu ni danda’a, garuu walitti qabaa dayirekterootaa ta’uu hin danda’u(SD kwt.337(3)ilaali).

# Gaaffii marii

- Manaajera balleessa raawwate jechuun hojii irraa gaggeeffame booda manni murtii balleessa kan hin qabne ta’uu yoo mirkaneesse, mirga hojiitti deebi’uu qaba moo hin qabu jettu?

# Odiitera

- **Waldaan Aksiyoonaa Oditera ol’anaa fi garagaaraa oditera alaa bilisa loog-maleessa ta’e tokko ykn tokkoo oli ni qabaata(SD kwt.343ff)**
- **sanada maallaqaa, herrega baasiif galii, galmee herregaa qorachuun mirkaneessuu, gocha seeraan alaa ilaalchisee gabaasa boordii to’attootaa yoo hin jirre boordiif ykn waltajjii miseensota waliigalaatiif dhiyeessuu, gabaasa boordiin miseensotaaf dhiyeessu irratti yaada kennuu, bakka boordiin hin jirretti waltajjii miseensota waliigalaa waamuu fi kkf hojjachuuf aangoo qabu.**
- **oditeeroonni kan muudaman ykn aangoo irraa kaafaman waltajjii miseensota waliigalaatiin ta’a.**

## Gumii Waliigala Qooda Fudhattootaa, SD kwt.362

- qaama ol’aanaa dhimma waldichaa irratti murteessuu dha.
- Waltajjii waliigalaa waggaatti taasifamu irratti miseensonni qaamaan ykn karaa elektrooniksii hirmaachuu ykn sagalee kennuu akka danda’an fooyya’iinsa taasifamee dha.
- Waltajjii itti mirgi miseensummaa calaqqisuu dha.
- Aangoo waltajjii idilee SD kwt.394, Aangoo waltajjii ariifachiisaa SD kwt.400 fi aangoo waltajjii addaa SD kwt.404 ilaali.

# Sanada Idaa(debenture) kwt.407

**sanada liqii dhala yeroo murtaa’een herregamuu fi haadhoon yeroo gahetti liqeessaaf kan kaffalamuu ta’uu ibsuu dha.**

# Galmee Herregaa Qabachuu Kwt.425ff

- **xumura b**ara bajataa irratti qabeenyi/kaappitaalli waldaa fi idaa waldaa, bu'aa fi kisaaraan, baasii fi galiin, hangaa fi haala kaffaltii hoggantootaa fi hojjattoota waldichaa ilaalchisee dayirekterri gabaasa waliigalaa watajjii abbootii hirtaatiif,odiiteraaf, akkasumas ministeera daldalaa fi industiriif waan dhiyeessuuf galmee herrega kanaa qabachuun dirqama ta'a.
- sirni qoodinsa bu'aa bu'uura barreffama hundeeffamaatiin galii argame irraa baasiin hundi hir'atee bu'aa qulqulluu argamu irraa ta'a.Kaffaltii idaawwan bara baajataa, amortayization ykn gatii tajaajilaa qabeenyaa hir'ate,kuufama of eeggannoo fi kkf keessaa hir'achuun ta'uu qaba. Ta'uu baannaan bu'aa sobaa(fake profit) waan ta'uuf seeraa hariiroo fi yakkaan nin gaafachiisa.SD kwt.437,438 ilaali.

# Diigamuu Waldaa fi Sirna Qulqulleessa Herregaa

**Sababoota waliigalaa SD kwt.181, sababoota addaa waldaa aksiyoonaa diigan SD kwt.473ff ilaali;-**

1. **Hangi lakkoofsa miseensootaa hanga seeraan taa'e gadi ta'uu..**
2. **Qaamni waldicha bulchu dhibuu,**
3. **Waldichi maallaqa haadhoo(kaappitaala) harka ¾ kisaaraadhaan yemmuu dhabu boordiin daayirekterootaa, boordiin to'attootaa ykn oditeroonni waltajjii ariifachiisaa miseensotaa waamuun tarkaanfiin diigamiinsaa ykn itti fufiinsaa akka fudhatamu gochuu yoo baatan qaamni dantaa qabu MMtti yoo iyyate manni murtii murtii diigamiinsaa kennuu danda'a.**

# Gaaffilee Marii

**Walitti bu’iinsa cimaan miseensota waldaa aksiyoonaa waldicha keessatti waliin itti fufuu hin dandeessifne yoo uumame waldicha diiguuf sababa gahaati moo miti jettu? Maaliif?**

# Aangoo fi Itti gaafatamummaa Qulqulleessa Herregaa (QH)’Liquidator’

- **Waldaan akka diigamu akkuma murtaa’een guyyoota 21 gidduutti akka diigamu murtaa’uu isaa kan ibsu,maqaa fi kaappitaala waldichaa fi maqaa qulqulleessituu herregaa waliin gaazexaa naannoo sanatti haguuggii bal’aa qabuun akka labsamu ni ta’a.SD kwt.474 ilaallata.**
- **Qulqulleessituun qabeenyaa barreeffama hundeeffama waldichaatiin, waltajjii ariifachiisaa abbootii hirtaatiin ykn mana murtiitiin muudamuu danda’a.SD kwt.475.**

# Itti fufe...

- **Deemsi Qulqulleessa herregaa hanga xumuramutti waldicha qaama seerummaa hin dhabu. Maqaa duraanii qabatee jirutti aanee ‘’Qulqulleessa irra kan jiru’ gaalee jedhu dabalachuun itti fufa (SD kwt.479).**
- **Yeroo herregni qulqullaa’uutti hoggantoonni waldichaa aangoo qulqulleessituu herregaatiin alatti hojii waldichaa xumurtsiisuu fi hojii qulqulleessa herregaa xumursiisuu wantoota barbaachisan qofa raawwatu(SD kwt.479-480).**

# Adeemsa cufiinsaa(wound up)

Daangaa aangoo barreeffama hundeeffamaa, walgahii gumii ariifachiisaa fi seeraan kaa'ame keessaa otoo hin bahin QH:-

Kaaphitaala fi idaa waldichaa Boordii Dayirekterootaa irraa mallatteessee fudhachuun galii waldichaa sassaabuu, waliigaltee ykn araara raawwachuu,waldicha bakka bu'uun falmuu,qabeenya waldichaa hunda gurguruu, idaa waldichaa kaffaluu, qooda miseensotaaf hiruu.

Garuu immoo, waliigaltee ykn hojii haaraa waldichaa jalqabuu hin danda'u(kwt.482 ilaali).

Abbootii mirgaatiif/liqeessitootaaf waamichi bu’uura barreeffama hundeeffaamtiin fi gaazexaa naannicha keessatti beekama ta’een si’a sadi ji’a sadi sadiin ni taasifama.

Ibsi herrega idaa ni qopheessuun idaan kaffalama, gaheen gaafattoota maallaqaa hin fudhannee mana murtiitti olkaa’amaaf.

Ibsi herregaa ministeera daldalaa fi industiriidhaa fi qaama mootummaaf ilaallatuuf ni taasifama.

Guyyaa ibsi herregaa taasifamee eegalee ji’a sadi gidduutti komiin yoo jiraate mana murtiitti dhiyaata, komiin yoo hin jirre ni mirkanaa’a.

Waamichi marsaa 3ffaa abbootii mirgaatiif taasifamee waggaan 1 hanga guututti idaatu kaffalama, yoo manni murtii eeyyame malee gaheen qooddattootaa hin hiramu(kwt.487ilaali).

**Akkuma mirkanaa'een hanga ji'a sadiitti abbootiin hirtaa kaffaltii hin fudhanne yoo jiraatan kanuma ibsuun lakkoofsa herrega addaa irratti mana baankii ol kaa'ama.**

**Dhumarrattis, waldichi galmee daldalaa irraa akka haqamu taasisuu qabu.**

**Sababa waldicha haqsiisuu hafaniif miidhaa qaqqabu yoo jiraate qulqulleessitoonni herregaa itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee qabaatu.SD kwt.489.**

**Erga walidichi galmee daldalaa irraa haqamee booda gaafattoonni maallaqaa yoo jiraatan abbootiin hirtaa hanguma gahee**

**Toora Marsariitii Banachuu(construction of website)**

- Waldaan Aksiyoonaa kamiyyuu toora marsariitii qabaachuu akka qabu SD haaraa kwt.492 jalatti tumamee jira.
- barreeffama hundeeffamaa fi fooyyeffamni irratti taasifamu, gabaasa herregaa odiitii fi waggaa, gabaasa walitti bu'iinsa dantaa, waamichi gumii waliigalaa, odeeffannoowwan abbootii aksiyoonaa, gaafattoota maallaqaa fi kkf barbaachisaa ta'an maxxanfamuu akka qaban SD kwt.493, 494 irraa ni hubatama.

# Waldaa Dhuunfaa Gaafatamummaan isaa Murtaa’e(PLC)

- **waldaa kaappitaalli hundi dursee kaffalame, aksiyoonatti kan qooqqodameefi abbootiin aksiyoonaa buusii isaanii yoo kaffalan idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa kan hin qabnee dha.**
- **Aksiyoonni waldichaa haala ummataaf banaa ta’een gurguramuu hin danda’u.SD kwt.495.Lakkoofsi miseensa waldichaa 2-50 ta’uu qaba. Waldichi waraqaa daddabarsa maallaqaa baasuu hin danda’u.**
- **PLC hundeessuuf barreeffama hundeeffamaa malee dambiin ittiin**

# Cont...

- **Qooda miseensota gidduutti daddabarsuun ni danda’ama, qaama alaatti dabarsuuf garuu eeyyama miseensota harka ¾ gaafata(SD KWT.105,109 ilaali).**
- **Tumaa SD duraanii kwt.524 jalatti mirga miseensummaa abbaa aksiyoonaa dhaaltotatti dabarsuun akkuma jirutti ta’ee dabalataan akka SD ammaatti dhaaltonni miseensummaa waldichaa ta’uu kan hin feene yoo ta’e maallaqa of eeggannoo irraa gaheen isaanii kaffalameefii keessaa bahuu mirga akka qaban SD kwt.511 irraa ni hubatama.**

# Bulchiinsa Waldichaa

- **SD duraanii keessatti waldaan manaajera qabaachuu qabu kan jedhu yoo ta’u(517(j)+525), kan ammaa immoo boordii dayirekterootaa miseensa nama 3-7 qabu barreeffama hundeeffama waldichaatiin hundeessuu akka danda’an tumamee jira(SD ammaa kwt.500+513).**
- **Tumaaleen waa’ee muudama fi aangoo irraa buufamuu, aangoo fi itti gaafatamummaa, haala kaffaltii fi turtii yeroo miseensota boordii daayirekterootaa kan waldaa aksiyoonaa keessatti tumaman waldaa aksiyoona dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e kanaafis raawwatiinsa ni qabaatu.(SD kwt.513 ilaali.**

# Cont...

- **Barreeffama hundeeffamaatiin ykn Gumii Miseensota waliigalaatiin manaajera** muuduuf buusuun akkuma jirutti ta’ee, waldaan Aksiyoona dhuunfaa boordiidhaan kan bulu yoo ta’e boordiin aangoo gaggeessaa ol’aanaa waldicha(manaajera) muuduu fi aangoo irraa buusuu kan qabaatu ta’uu isaa SD kwt.514(2)ilaali.
- Muudamni manaajeraa boordiin yoo ta’e manaajerri itti waamamni isaa boordiif ta’a. Hojii guyyaa guyyaa waldichaa ni gaggeessa, karoora fi bajata waggaa waldichaa qopheessuun ni dhiyeessa yoo mirkanaa’e hojiirra ni oolcha, gabaasa qopheessee boordiif dhiyeessa, hojjattoota waldichaa hogganuu, qacaruu fi hojiirraa gaggeessuuf aangoo ni qabaata.SD kwt.515 ilaali!.

# Cont...

- Dirqama barreeffama hundeeffamaa ykn seeraan taa’e cabsuun miidhaa waldicha,miseensota ykn qaama 3ffaa irra gahuuf manaajerri itti gaafatamummaa ni qabaata.SD kwt.516. SD duraanii keessatti waldaan odiitera kan qabaatu miseensa nama 20 oli yoo qabaatedha. SD ammaa keessatti immoo miseensa nama 10 olii fi qabeenya tilmaama miliyoona 10 oli yoo qabaate oditera alaa bilisa ta’e walgahii miseensota waliigalaatiin kan filatamu qabaachuu akka qabu tumamee jira(kwt.518).

# Sirna Walgahii

- Walgahii Waldaa akkuma kan waldaa aksiyoonaa walgahii idilee fi walgahii ariifachiisaa jedhamuun bakka lamatti qoodama.kwt.519. Maallaqa muummichaa keessaa harka ½ miseensi qabu yoo argame walgahii idilee gaggeessuuf gahaa dha.
- Haata’u malee dhimmoota walgahii ariifachiisaan ilaalaman irratti murtii kennuun sagalee miseensota hundummaa ykn harka ¾ gaafachuu danda’a. kwt.526(3) ilaallata.

# Diigamuu Waldaa fi Sirna Qulqulleessaa ff

a)Sababootni diigamiinsa waldaa SD kwt.181 akkuma jiranitti ta’ee; Waldichi qaama hogganu yoo hin qabaanne...

b)Kaappitaalli harki ¾ yemmuu hir’atuu ...(SD kwt.531.532 ilaali.

# QH

- **Dabalataan tumaaleen SD waldaa Aksiyoonaa jalatti waa’ee muudama, aangoo fi gahee hojii qulqulleessituu herregaa dubbatan tumaaleen SD kwt.473-491 waldaa aksiyoona itti gaafatamummaan isaa murtaa’eefis akkaataa barbaachisummaa isaaniitti raawwatiinsa ni qabaatu (SD kwt.533).**

# Waldaa Dhuunfaa Miseensa Nam-Tokkee Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa’e SD kwt.534

**SD duraanii keessa kan hin jirree fi waldaa haaraa SD kun qabatee dhiyaate keessaa tokko isa kana dha. Ibsa namni tokko kennu bu’uura godhachuun waldaa qaama seerummaa nama dhuunfaa irraa adda ta’ee hundeeffamuu dha.Miseensi waldichaa buusii waldichaaf buusuu qabu guutummaa guutuutti hanga kaffaletti idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa hin qabu(kwt.534).**

# Cont...

- **Kaappitaalli waldaa Aksiyoona Miseensa nama tokkoo qar.15,000 gadi ta’uu hin qabu.Waldaa Miseensa Nam-tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa’e hundeessuuf ibsi kennamu ulaagaa SD kwt.536 fi 537 guuttachuu qaba.**
- **Ibsi kunis qaama sanadoota mirkaneessuu biratti kennamee galmee daldalaa keessatti galmaa’uu qaba.**

# Cont...

**Namni dhuunfaa daldala isaa gara waldaa miseensa nam-tokkoo itti gaafatamummaan murtaa’etti jijjiiruu danda’a. Haata’u malee waldicha hundeessuun duratti idaa daldalaa kana irra jiruuf waldaa fi daldalichi itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu.SD kwt.538.**

# Cont...

**Waldaan miseensa nam-tokkoo itti gaafatamummaan murtaa’e waldaa biraa isa fakkaatuf miseensa ta’uun hundeessuu hin danda’u. Tumaa kana irra darbuun yoo hundaa’e toora hundeeffametti mana murtii aangoo qabutti qaamni dantaa qabu yoo iyyate murtii mana murtiitiin ni diigama, miidhaa qaama 3ffaa irra gahuuf immoo itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu. Buusii waldicha hundeessuuf gosaan taasifame yoo jiraate ibsa hundeeffamaa keessatti tilmaamni isaa ibsamuu qaba, dabalataan oditerri akka tilmaamu godhamuu qaba.**

# Cont...

**Waldaan haala kanaan hundaa'u hoji gaggeessaa qabaachuu qaba. Hoji gaggeessaan miseensa waldichaa ykn nama gara biraa ta'uu danda'a. Aangoo fi gaheen hojii hoj-gaggeessaa kanuma hoji-gaggeessaa waldaa aksiyoona dhuunfa itti gaafatamummaan isaa murtaa'eetiin wal-fakkaata,(sd kwt.541(2).**

# Gaaffii Marii

1. **Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee keessatti hoji-gaggeessaan itti waamamni isaa boordii dhaaf ykn Gumii miseensota waldichaatiif ta'uu danda'a. Haata'u malee, waldaa miseensa nam-tokkee itti gaafatamummaan murtaa'e keessatti miseensi waldichaa hoj-gaggeessaadha yoo jenne itti gaafatamummaan isaa eenyudhaaf ta'a?**
2. **SD kwt.542 irratti miseensi waldichaa aangoo Gumii miseensota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'eetiin wal-fakkaatu ni qabaata jedha. Kana yoo jenne akkuma miseensota waldaa dhuunfaa aangoo karoora fi bajata waggaa mirkaneessuu? Aangoo gabaasa herregaa dhagahuuf mirkaneessuu, manaajera muuduu fi hojiirraa buusuu ni qabaata jechuu dhaa? Manaajerri miseensichuma yoo ta'e hoo?**

# Cont..

**Murtii miseensi waldaa m/nama tokkee itti gaafatamummaan murtaa’e aangoo waltajjii miseensa waliigalaatiin kennu barreeffamee faayila waldichaa keessa taa’uu qaba. Ibsa hundeeffamaa kan jijjiiru yoo ta’e galmee daldalaa irrattis galmaa’uu qaba.SD kwt.542**

**Miseensi waldichaa ykn qaamni biraa waldicha irratti karaa kallattii fi al-kallattiitiin aangoo to’achuu qabu tokko gochaawwaan seeraan alaa qabeenya waldichaa ykn dantaa gaafattoota**

# Haala Diigamuu Waldichaa

**Waldichi idaa irra jiru guutummaatti erga kaffalee booda kan diigamu yoo ta’e qabeenya waldichaa qulqulleessuun otoo hin barbaachisin miseensi waldichaatti kan darbu ta’a. Haata’u malee, Sana booda gaaffattoonni maallaqaa yoo jiraatan miseensichi dhuunfaatti kan itti gaafatamu ta’a. SD kwt.544. Guyyaa waldichi diigamuu beekee kaasee hanga waggaa 5tti, guyyaa qabeenyi walidichi miseensaatti darbee kaasee hanga waggaa 10tti gaafachuu danda’a.**

## Jijjiirama Waldaa(Conversion of BO)

- Waldaan tokko gara waldaa biraatti jijjiiruun barreeffama hundeeffamaa fooyyessuun alatti qaama seerummaa haaraa hin goonfachiisu(SD kwt.546). Waldaa tokko jijjiiruuf eeyyama guutuu miseensotaa, murtii sagalee caalmaa ykn bu’uura seeraatiin ta’uu qaba. Haata’u malee, mirga miseensummaa haquu ykn fedhii miseensaa malee dirqama buusii minseensummaa irratti dabaluu hin danda’u.

Mirgaa fi dirqamni waldaa duraanii guyyaa waldaan haaraa galmee daldalaa irratti galmaa'ee kaasee battalumatti gara waldaa haaraa kanatti kan darbu ta'a. Mirgaa fi dirqamni miseensota fi abbootii mirgaa ykn gaafattoota maallaqaa eeyyamamoo ta'anii guyyaa barreeffamni hundeeffamaa fooyya'e galmee daldalaa irratti maqaa waldaa haaraatiin galmaa'ee eegalee gara waldaa haaraatti kan darbuuf ta'a.

**In nutshell;dissenting share holder**

# Firoomina, Walitti Makachuu fi Addaan Qoodamuu Dhaabbata Daldalaa(Affiliation,Merger& Division of B/Orgn)

**Kutaan kun seera daldalaa duraanii irra adda kan godhu tumaalee haaraa fi fooyyeffaman hedduu kan of keessaa qabuu dha.**

## Garee Waldaa Daldalaa

**Garee jechuun gurmuu waldaa daldalaa haadhoo fi waldaa maxxantuu ( parent and subsidiaries) jechuu dha. Waldaa maxxantuu jechuun kallattiinis ta'e alkallattiin to'annaa waldaa haadhoo jala kan jiru jechuu dha.**

**To'annoo jechuun SD kwt.550(4),552 ilaali.**

# Cont...

- **Waldaan maxxantuu waldaa haadhoo keessatti aksiyoona akka qabaatu hin eeyyamamu(SD kwt.545).Haariiroo waldaa haadhoo fi maxxantuu yoo hin qabaannes waldaan tokko waldaa kan biraa keessatti maallaqa muummee irraa aksiyoona 5% ykn sanaa ol yoo qabaate waldaan inni 2ffaa waldaa isa kaan keessaa aksiyoona akka qabaatu hin eeyyamamu,(SD kwt.555).**

# Cont...

- Mirgoota waldaan haadhoo waldaa maxxantuu irratti qaban fi miseensonni waldaa maxxantuu waldaa haadhoo irratti qaban SD kwt.556,558,559.561,562 ilaali

# Cont...

**Faayidaa Garee waldaa kabachiisuuf jecha ajaja waldaan haadhoo kenneen hogganamuu isaatiin waldaan rarraatuu balaa qabeenya ykn dandeettii mataasaatiin keessaa bahuu hin dandeenye keessa yoo seene waldaan haadhoo waldaan rarraatuu irra deebiin jijjiirama adeemsa gurmaa'iinsaa akka taasisu ykn adeemsi qulqulleessaa akka jalqabu gochuu qaba. Kana gochuu hafuu isaatiin erga balaan irra gahee booda idaa waldaa rarraatuun kaffaluu hindandeenyeef waldaan haadhoo itti gaafatama.**

# Makamiinsa Waldaalee(Merger) kwt.565

**Waldaan lama ykn lamaa oli walitti makachuun tokko isa/isaan kaan liqimsuun ykn waldaa haaraa hundeessuun keessatti kan hammataman ta’a.**

# Cont...

**Waldaan duraanii qabeenya fi idaa irra jiru gara waldicha isa liqimseetti ykn haaraa hundeeffametti dabarsuun qulqulleessi qabeenyaa otoo hin taasifamin kan cufamu yoo ta’u,**

**mirgaa fi dirqamni abbootii qoodaa ykn gaafattoota maallaqaa,abbootii sanada idaa fedhii isaanii irratti hundaa’ee gara waldaa haaraatti kan darbuu fi akka barbaachisummaa isaatti hanqina muudatuuf bifa beenyaatiin kan kaffalamuuf ta’a, SD kwt.565,575,576,577).**

**Yeroo karoorri makamiinsaa ykn**

# Qoodamiinsa Waldaalee(Division)

**Waldaan tokko qabeenya fi idaa isaa waldoota duraan turanitti ykn waldoota haaraatti qoqqooduun adeemsi qulqulleessa herregaa otoo hin taasifamin yemmuu cufamuu dha.**

**Mirgaa fi dirqamni abbootii aksiyoonaa fi gaafattoota maallaqaa gara waldaa isa qooddatuutti darba.SD kwt.566).**

# Karoora makamiinsaa fi qoodamiinsaa

**Kaaroori fi gaabsin walitti makamuu ykn addaan qoodamuu bu’uura SD kwt.567,568tiin walitti qabaa boordiitiin ykn hoji-gaggeessaa waldaatiin qophaa’ee mallattaa’uun gaazexaan beeksisuu(572),Gumii miseensota waldichaatiif gabaafamuu qaba.**

**Akkasumas, karoora fi gabaasa makamiinsaa fi qoodinsa waldaa mirga miseensotaa fi gaafattoota maallaqaa irratti dhiibbaa inni qabu, haqummaa herrega kaffaltii fi kkf ogeessi bilisa ta’een akka sakatta’amu (SD kwt.569) erga ta’ee booda akka mirkanaa’uuf gumii waliigala waldaa dhimmichi ilaallatuutiif ni dhiyaata(kwt.571,572).**

**Walitti makamuun ykn qoodamiinsa waldaa kan**

# Dhaabbilee Daldalaa Biyya alaatti hundaa’anii Biyya Keessatti Damee Qaban

- **Damee jechuun yeroo murtaa’eef ykn hin murtoofneef dhaabbata dhuunfaa ykn waldaa daldalaa biyya alaatiif sochii diinagdee keessatti hirmaachuun bu’aa argamsiisuuf dhaabbata hundeeffame jechuu dha. Dameen dhaabbata ykn waldaa isa hundeesse irraa adda kan ta’e qaama seerummaa of danda’e hin qabu. Dhaabbanni dhuunfaa ykn waldaan biyya alaa dame biyya keessatti banachuun hojii daldalaa kan hojjatu yoo ta’e galmee daldalaa ministeera daldalaa fi Industiriitiin hogganamu irratti galmaa’uu qaba.SD kwt.579,580**

# Cont...

Hoji-gaggeessaan Damee Daldalaa ulaagaa hoji-gaggeessummaa guute dame bakka bu’uu akka qabu.Aangoo fi itti gaafatamummaa hoji-gaggeessaa SD kwt.581,582 ilaali. Haala itti Dameen tokko galmee daldalaa irraa haqamu ilaalchisee SD kwt.583 irratti tarreeffamee jira. Kunis, waldaan haadhoon yoo diigame, damichi yoo cufame, damichi hoj-gaggeessaa yoo hin qabaanne fi hanga ji’a 6tti yoo sirreeffachuu baate, gabaasa madaallii herregaa dhaabbata ykn waldaa haadhoo waggaa waggaan qaama galmeessetti yoo hin dhiyeessine, qabeenyi dame irra jiru abbaa mirga irraa gaafachuu qabuuf kaffaltii raawwachuuf kan hin geenye yoo ta’ee dha.

# Kitaaba III

**Of eeggannoof Idaa Deebisanii Caasessuu, Adeemsa Deebisanii Hundeessuu fi Kisaaraa (Preventive restructuring, reorganization and Bankruptcy Law)**

Labsii kana kitaaba 3ffaa jalatti mata dureen armaan olitti caqasame kun SD duraanii Kitaaba 5ffaa sirna kisaaraa jedhu fooyyessee jira.

# Kaayyoon Adeemsichaa

- **Adeemsa wayitawaa,baasii xiqqaa fi bu’a qabeessa ta’ee hojiirra oolchuu.**
- **Tasgabbii diinagdee mirkaneessuu, gatii qabeenya daldalaa guddisuu, iftoomina fi amanummaa seeraa mirkaneessuu dha.SD kwt.588,597.**

# Of Eggannoof Idaa deebisanii Caasessuun (preventive restructuring proceeding)

- **Sagalee guutuu gaafattoota maallaqaatiin mirkanaa’uu qaba.**
- **Abbootiin idaa rakkoo maallaqaa keessa jiran fi abdataman ta’uu qabu.**
- **bu’uura waliigalteetiin haala si’aayinaa fi bu’a qabeessa ta’een idaa irra deebiin caasessuun hojii akka itti fufan ykn daldala hojiirra jiru akka gurguran dandeessisuu dha.SD kwt.597(2).**

# Adeemsa Deebisanii Gurmeessuu(reorganization proceeding)

- **sagalee gaafattoota maallaqa harka caalmaan murtaa'uu qaba. (predetermined qualified majority affected creditors).**
- **Haala abbootii mirgaa fayyaduun idaa fi sochii daldalaa haala wayitawaa, si'aawaa fi bu'a qabeessa ta'een deebisanii gurmeessuu ykn daldala sochiirra jiru gurguruu jechuu dha.kwt.597(3).**

# Adeemsa Kisaaraa(bankruptcy proceeding)

murtii sagalee caalmaa gaafattoota maallaqaa argachuu qaba.

abbootiin idaa irra jiru guutummaa guutuutti kaffaluun daldala haaraa akka jalqabaniif qabeenyaa tokko tokkoon qulqulleessuun ykn daldala hojiirra jiru gurguruu, adeemsa qulqulleessa qabeenyaa daldalaa haala si'aayina, wayitawaa fi bu'a qabeessa ta'een gurmeessuu, haala idaa kaffaluu dandeessisuun gatii qabeenyaa guddisuu fi qaamonni kisaaraaf sababa ta'an itti gaafatamummaa malu akka fudhatan gochuu dha.kwt.597(4).

# Cont...

- Sababa abbaan idaa gaaffii adeemsaa irra deebiin gurmeessuu fi sirna kasaaruu dhiyeesseef wal-taatonni raawwii waliigaltee dhaabuu, waliigaltee addaan kutuu ykn raawwii itti mudduu ykn fooyyessuun hin danda'an.SD kwt. 593.
- Haata' u malee, waliigalteewwan kaneen akka hojjataa fi hojjachiisaa, waliigalteen baankii fi inshuraansii, waliigaltee Bulchiinsaa fi waliigaltee faayinaansii ilaallatan sirna gabaa aksiyoonaa dabalatee (stock exchange) ilaalchisee seeronni rogummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.SD kwt.596.

# Gahee Qaamolee Adeemsa Deebisanii caasessuu, hundeessuu fi Kasaaruu

## 1.Mana Murtii

- ✓ AS to’ataa ykn bulchituu qabeenyaa (trusty of bankruptcy) ni muuda.kwt.605,612.
- ✓ Adeemsa aangoo AS to’ataatii ol jiru hunda ni to’ata ni ajaja.
- ✓ murtii AS to’ataa (Supervisory judge) kennu ilaalchisee komii dhiyaatu simachuu, adeemsaalee hunda to’achuu,

## 2. A/STo’ataa

- Kasaaruun duratti gaaffii maallaqaa qabeenyicharratti dhiyaatu simachuu
- Qabeenyaa tiksanii tursiisuuf tarkaanfii fudhachuu
- Hojiiwwaan al-idilee gaggeessuu
- Waliigalteewwan itti fufuu fi addaan cituu murteessuu
- Kaffaltii kasaaruun duraa akka kaffalaman gochuu
- Adeemsa idaa caasessuu irratti walitti

# Cont...

Yoo amantaa hir’isan ykn balleessa qabaatan manni murtii aangoo irraa kaasuu danda’a.kwt.613. Akkasumas,namoota isaan bakka bu’aniin, abbaa idaatiin ykn A/Alangaatiin himanni irratti dhiyaachuu danda’u.

Guyyaa adeemsichi cufamee kaasee waggaa 1 booda himannaan dhiyaatu darbiinsa yeroo addaan cituu hin dandeenyeetiin daangeffama. kwt.614(2).

# Of eeggannoof Idaa Deebisanii Caasessuum kwt.617.

- kan banamu iyyata abbaa idaatiin qofa
- Kaffaltii kan addaan hin kunne ykn erga kaffaltii dhaabee guyyoota 45 kan hin caalle. Adeemsi kun qabeenyaa fi idaa abbaan idaa deebisanii caasessuu, caasaa hojii jijjiiruu, hojii irra otoo jiruu hojii daldalaa akkuma jirutti ykn gar-tokkee gurguruu ni dabalata.
- Rakkoon diinagdee ykn faayinaansii kan isa qunname ykn ni qunnama jedhamee kan eegamu yoo ta’ee dha.
- Iyyanni dhiyaatus ibsa madaala faayinaansii kan waggaa dhumaa, rakkoo muudateef mala furmaataa, tilmaama dhangala’iinsa maallaqaa fi kasaaraa waliin dhiyaata.

# Cont...

- **Karoorri deemsa idaa deebisanii caasessuu gaafattoota maallaqaa dhimmichi ilaallatu fi abbaa idaa gidduutti guyyaa banamee eegalee hanga ji'oota 4tti xumura argachuu qaba.haala addaatiin hanga ji'a 8titti dheerachuu danda'a.**
- **Adeemsi baniinsa kasaaraa yeroo adeemsi idaa deebisanii caasessuu turetti addan cite tura.kwt.618. alsoo see observation period under art.651 4 reorganization pr.**
- **Himata gaaffattoota maallaqaa addaan kutanii tursiisuun kan danda'amus hangasuma hin caalu,kwt.626(3).**

# Cont...

- Pirezdaantiin mana murtii ogeessa adeemsichaa .kwt.619-620.
- Adeemsa kana keessatti hojii idilee hojjachuufi irratti murteessuun aangoo abbaa idaa yoo ta’eyyuu hojiiwwan al-idilee kanneen akka qabeenyaa daldaa gurguruu,wabummaan qabsiisuu ilaalchisee garuu eeyyama ogeessa dhimma sanaaf muudamee barbaachisa, kwt.624.

# Gahee Hojii Ogeessa(expert),620

- **Abbootii mirgaa adeemsicha keessatti hirmaachuu qaban adda ni baasa.**
- **Karoorratti abbaan idaa fi a/mirgaa akka waliigalan haala mijeessa**
- **Waltajjii abbootii mirgaa ni hoggana**
- **Gurgurtaa daldalaa ni qopheessa**
- **Karoorri adeemsichaa akka mirkanaa'u MM tti diyeessa**
- **Dirqama isaa bahachuuf abbaan idaa sanada barbaachisaa akka dhiyeessuu ajajuu akkasumas odiitii muuduu ni danda'a.**

## Qabiyyee Karoora Idaa Deebisanii Caasessuu kwt.627

- Deeggarsa ogeessa dhimmichaatiin abbaa idaatiin qophaa'a
- Gaafattoota maallaqaa dhimmichi ilaallatuun fudhatamummaa argachuu qaba.
- Gaaffii Gaafattoota maallaqaa dhimmichi ilaallatuutiif irra deebiin gabatee yeroo kaffaltii baasuu
- Gaaffii kaffaltii gaafattoota maallaqaa dhiisuu

# Cont...

- Sanada idaa maallaqaa akkaataa seeraatiin baasuun gaaffii kaffaltii furuu
- Gaaffii gaafattoota maallaqaa gara aksiyoonaatti jijjiiruu
- Gaaffii gaafattoota maallaqaa ykn investeroota birootiin kaappitaala abbaa idaa bitamu hir'isuu ykn dabaluu
- Gaafattoota maallaqaatiif ykn investeroota birootiif aksiyoona jiru

# Of-eeggannoof Idaa irra Deebiin Caasessuu Hojiirra Oolchuu Hafuu fi Bu’aa Isaa

- **Adeemsi irra deebiin hundeessuu ykn Sirni Kasaaruu akka labsamu ta’a**
- **Duubatti deebi’ee hin hojjattu;gaaffattoonni maallaqaa fudhatan deebisuuf hin dirqaman, mirgi dursaa gaafattoonni maallaqa haaraa bu’uura kwt.628tiin argatan hin mulqamu**
- **sababa karooraa idaa irra deebiin caasessuuttiin gabateen yeroo gaaffii maallaqaa fi turtiin yeroo taasifame battalumatti bu’aa dhaba waan ta’eef, gaafattoonni maallaqaa gaaffii kaffaltii**

# Sababootagara deebisanii gurmeessuutti ceesisan

**Adeemsi Idaa irra deebiin Caasessuu Gara Adeemsa deebisanii gurmeessuu Ykn Adeemsa Kasaaruutti kan ce'u(kwt.634):-**

**A. <u>Gaaffii abbaa idaatiin;-</u>Karoora dhiyaate irratti qooda fudhattoonni yoo walii hin galle ykn Ogeessi dhimmichi ilaallattu gaaffii bittaa hojii daldalichaa(bu'uura kwt.689tiin) yemmuu simatuu dha.**

**B. Kaka'umsa MMtiitiin;Yemmuu**

# Idaa Deebisanii Gurmeessuu,kwt.635

Gaaffii abbaa idaatiin;

- rakkoo maallaqaa keessa bahuu hin dandeenye isa qunnamuu yoo mirkaneesse,kaffaltii kan addaan hin kunne ykn addaan kutee guyyoota 45 kan hin guutne.

Gaaffii gaaffattoota maallaqaa ykn abbaa alangaatiin:-

- A/idaa kaffaltii addaan kutee adeemsi idaa deebisanii caasessuu kan hin jiirre yoo ta’e,

# Cont...

- Gaafattoota maallaqaatiin ykn A/Alangaatiin iyyanni kasaaraa labsuu dhiyaatee garuu immoo a/idaa erga kaffaltii dhaabee guyyaa 45 kan hin guunne ta’uu ibsuun yoo gaafate adeemsi irra deebiin gurmeessuu ni banama.
- Haata’u malee, abbootii idaa gocha waliin dhahuu raawwataniif adeemsi irra deebiin gurmeessuu hin labsamuuf,kwt.635(2)ilaali.

# Aangoo Itti gaafatamaa (Supervisor in reorganization) (melsew yemaderajet alafwe)kwt.644

- **Qophii karooraa adeemsichaa gargaaruu**
- **Hojii idilee daldalaa abbaan idaa hojjatu to’achuu**
- **Aanga’oota mootummaa, wabii hawaasummaa , dhaabbata liqii kkf irraa haala argama qabeenya abbaa idaa isa sirrii adda baafachuu**
- **Tarree qabeenyaa a/idaa qopheessu to’achuu**
- **Ramaddii gaafattoota maallaqaa gurmeessuu**
- **Hojiin daldalaa sochii irra otoo jiruu akka gurguramu qopheessuu**
- **Adeemsa hojii idilee abbaa idaatiin alatti**

# Cont...

- **Kisaaraan duratti gaaffii kaffaltii dhiyaatu akka mirkaneessu ykn kufaa godhu abbaa seeraa to’ataatiif yaada dhiyeessuu**
- **Gabaasa dhimma hojii abbaa idaa fi karoora deebisanii gurmeessuu MM dhiyeessuu**
- **Waltajjii gaafattoota maallaqaa walitti qabuun gaggeessuu**
- **Ogeessi qabeenyaa abbaa idaa odiit godhu, tarree qabeenyaa fi tilmaama kan qopheessu akka muudamu abbaa seeraa to’ataatiif gaaffii dhiyeessuu**
- **Tajaajilli addaan yoo kute guyyoota 30 keessatti MM gabaasuu**

# To’attoota Muuduu(Controller),kwt.645

- **A/Seeraa to’ataan gaafattoota maallaqaa keessaa to’attoota hanga nama 5 muuduu danda’a.kwt.645, to’ataan dantaa gaafattoota maallaqaa hunda kabachiisa, kanaaf namni abbaa idaa waliin firooma qabu ykn qooda fudhataan (share holders) to’ataa ta’uun hin muudamu.**

# Yeroo of Ilaalchaa(observation period),kwt.651

- **Murtiin baniinsa deebisanuii gurmeessuu akkuma kennameen yeroon of ilaalchaa kan jalqabu yemmuu ta'u kaayyoon isaas:-**
  - **karoora deebisanii gurmeessuu qopheessuuf, fooyyessuuf ykn filannoo biraa qopheessuuf gaafattoonni maallaqaa ykn itti gaafatamaan yaada akka dhiyeessuuf.**
  - **Itti gaafatamaan adeemsichaa gurgurtaa daldala sochiirra jiruu akka qopheessuuf.**
  - **Liqeessitoota hundaan gaafattoota mirga dursaa ykn wabummaa qabaniin gaaffiin kaffaltii adda addatti dhiyaatu iyyata a/idaa malee battalumatti yeroof akka dhaabbatu ta'a**
  - **Yeroo of ilaalchaa ji'a 4 hanga 12 ta'uu danda'a.**

# Cont...

- **Darbiinsi yeroos yeroo kanatti hin lakkaa’u**
- **Haata’u malee, kaffaltiin hojjattoota abbaa idaa addaan hin citu**
- **Dirqamni adeemsa kisaaraa banuu ni dhaabbata**
- **Yeroon gaaffii kaffaltii kasaaraa duraa itti si’eessuun hin danda’amu**
- **Dhalli adeemsa kasaaruun dura ture akkuma sanaan herregamuu itti fufa**
- **Liqeessitoonni kasaaruun duratti**

# Cont...

- **Haala addaatiin abbaa idaa kan kan fayyadu yoo ta’e malee abbaan idaas kaffaltii haadhoos ta’e dhala kasaaruun duratti kaffalaman kaffaluuf hin qabu.kwt.656**
- **Yeroo kanatti jaarsummaa dabalatee adeemsaaleen falmii seeraa jalaqabaman ni dhaabbatu,**
- **Haala addaatiin garuu falmii hanga kaffaltii kasaaraan duraa yoo ta’e, falmii dhimma yakkaa,dhimma mirga murtiin labsuu(declaratory judgement), aangoo to’annaa mootummaa raawwachiisuuf himannaa dhiyaatu**
- **kaffaltiin alatti Qorannoo fi odiitii dhimma taaksiitiif adeemsi falmii dhiyaatu addaan**

# Cont...

- **Yeroo eeggannoof kenname keessatti qabeenyi harka abbaa idaa tura.**
- **Abbaan idaa dhimmoota idileerratti eeyyamsiisuu otoo hin barbaachisin hojii guyyaa guyyaa ni hojjata**
- **Haata'u malee hojiiwwan idileen alatti kanneen akka waliigaltee kennaan, wabummaa qabeenyaa kkf raawwachuuf eeyyama itti gaafatamaa dhimma deebisanii gurmeessuu barbaachisa.**

# Yeroo of eeggannoo addaan kutuu,kwt.652

- **Baay’inni gaafattoota maallaqaa karoorri deebisanii hundeessuu akka hin mirkanoofne barbaadan waliigalteen akka taasifamu kan hin dandeessifne yoo ta’e,**
- **Itti gaafatamaan dhimma deebisaa hundeessuu daldalaa sochiirra jiru investera bitatu kan hin arganne yoo ta’e**
- **Abbaan idaa, itti gaafatamaan dhimma deebisanii gurmeessuu ykn to’ataan gaaffii yoo dhiyeesse**
- **a/idaa adeemsi deebisaa gurmeessuu erga labsamee booda gaaffii kaffaltii haaraa uumame kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta’ee:**
- **Manni murtii yeroo eeggannoo addaan kutuun gara adeemsa kasaaruutti jijjiiruun murteessuu danda’a.**

# Tarree qabeenyaa(Inventory)qopheessuu

- **Abbaan idaa, akkuma adeemsi deebisanii gurmeessuu labsameen guyyaa 15 keessatti to’annaa itti gaafaatamaa adeemsa deebisaa gurmeessuu(Reorganization supervisor) jalatti tarree qabeenyaa: kanneen akka:-**
- **Hanga kaffaltii fi eenyummaa gaafattoota maallaqaa**
- **Waliigalteewwan gurgurtaa taasifaman fi adeemsarra jiran**
- **Qabeenyaa wabummaaf qaama 3ffaa harka jiran ykn wabummaaf qabamanii jiran**
- **Adeemsaalee falmii abbaan idaa keessa jiru**
- **Qabeenyaa gumuruka, man-kuusa fi mana kiraa keessa jiran**

# Gaaffii Kaffaltii Kasaaraan Duraa(prei insolvency claim)

- **Gaaffattoonni kaffaltii kasaaraan duraa, adeemsi deebisanii gurmeessuu akka banamu guyyaa murtaa'ee kaasee hanga ji'a 4tti itti gaafatamaa Adeemsa deebisaa hundeessuutti gaaffii dhiyaachuu qaba.Kunis;-**
- **Maallaqa haadhoo ykn dhala waliin guyyaa kaffaltiin gahe ykn gahutti hanga kaffaltii waliin**
- **Eenyummaa gaafataa maallaqaa, wabummaan yoo jiraate hanga isaa fi teessoo,haala itti gaafatamummaa wabiiwwanii, gaaffiin wal-dandeessisuuu yoo jiraate kkf sanada waliin dhiyeessu qabu.**

# Cont...

- **Gaafattoonni maallaqaa yeroo kenname keessatti gaaffii kaffaltii yoo hin dhiyeffanne qoodinsa keessatti hin hirmaatan, abbaa hojii daldalaa bitates gaafachuu hin danda'an,kwt.662(5).**

✓ **Haata'u malee, gaaffiiwwan mindaa fi kaffaltii hojjataa,taaksii,ashuuraa fi Gaaffii hangi maallaqaa qar.1000 gadi ta'e gaaffii kaffaltii kasaaruun duraa keessatti hin hammatamu waan ta'eef, itti gaafatamaan adeemsa deebisanii hundeessuu mirkaneessee simachuu qaba.kwt.663.**

✓ **Gaaffiwaan kaffaltii mirkanaa'anii fudhatamummaa argatan tarreeffamanii mana murtii fi gaazexaan beeksifamuu qabu.**

## Karoora Adeemsa Deebisanii Gurmeessuu,678

- ✓ Gabatee gaaffii Yeroo kaffaltii gaafattoota maallaqaa irra deebiin qopheessuu
- ✓ Gaaffii kaffaltii gaafattoota maallaqaatiin dhiifaman adda baasuu
- ✓ Akkaa seeraatiin sanada idaa baasuun idaawwan furamuu danda’an

# Cont...

- ✓ Kaappitaala guddisuuf ykn dabaluuf gaafattoota maallaqaatiin ykn qaama 3ffaatti gurguruu
- ✓ Hojiin daldalaa sochiirra otoo jiruu hojii daldalaa gurguruu otoo hin dabalatin qabeenyaa ykn gar-tokkeen gurguruu
- ✓ Gaafattoota maallaqaa sadarkeessuuf mala hojiirra oole
- ✓ Adeemsa kasaaruu caalaa dantaa gaafattoota maallaqaa kan eegsisu ta’uu qaba.

# Cont...

- Itti gaafatamaan adeemsa deebisanii gurmeessuu, karoora gaafattoota maallaqaatiin mirkanaa'ee yaada isaa waliin mana murtiitti gabaasa.kwt.685.
- Manni murtiis yaada itti gaafatamaa, abbaa idaa fi gaafattoota maallaqaa dhagahuun:- Adeemsi deebisanii hundeessuu kisaaraa kan ittisu, sirna kasaaraa caalaa gaafattoota maallaqaa kan fayyadu fi bu'a qabeessa kan ta'u yoo ta'e ni mirkaneessa,kwt.686.

## Dhaabbata Daldalaa Sochiirra Jiru Gurguruu,689

- Ogeessi adeemsa idaa caasessuu ykn itti gaafatamaan adeemsa deebisanii gurmeessuu daldalli hojiirra otoo jiruu akka gurguramu karoora qopheessuu danda’a.689
- Abbaan idaa, daayirekteroonni fi qooda fudhattoonni eeyyama abbaa seeraa to’ataatiin caalbaasii gurgurtaa keessatti hirmaachuu danda’u.

# Itti fufiinsa waliigalteen barbaachisoo

- **Waliigalteewwan dhuunfaa dabalatee itti fufiinsa hojii daldalichaatiif barbaachisaa hanga ta’etti, tumaan waliigaltee(contractual provision) akka bitataatti hin dabarre daangessu fudhatamummaa hin qabu.**
- **Qabeenyaan socho’aa ykn hin sochoone wabummaaf qabame qaama dhaabbata daldalaa gurguramuu yoo ta’e, eeyyama qaama wabummaan qabatee argachuu barbaachisa.692. Eyyamamaa yoo hin taane kaffaltii kaffaluun ykn qabeenya biraa bakka buusuun qabeenyichi akka gurguramu manni murtii murteessuu danda’a.**

# Cont...

- **Karoorri Adeemsa deebisanii hundeessuu sagalee gaafattoota maallaqaatiin kufaa yoo ta’e ykn manni murtii kufaa yoo godhe Hojiin daldalaa sochiirra otoo jiruu caalbaasii gurgurtaa dhiyaate gaafattoonni maallaqaa harka 2/3 akka mirkaneessan ni gaafatamu.Qabeenyi bitaatti darbu kan gurguramu dhorkaa ykn idaarraa bilisa ta’uu qaba.**
- **Itti gaafatamaan adeemsichaa dabarsa abbaa qabeenyummaatiif haala mijeessa, qabeenyaan qaama daldalaa gurguramee hin taane ni gurguraa, hojjettoonni itti fufuu hin**

## Sababoota ce’umsa gara adeemsa kasaaruu,696

- **Karoorri Adeemsi deebisanii gurmeessuu kufaa yoo ta’uu**
- **Gurgurtaan hojii daldalaa erga mirkanaa’ee booda adeemsi kasaaraa ni labsama.kwt.696.**
- **Adeemsa deebisanii gurmeessuu mirkaneessuun ykn kufaa gochuun murtii kennamurratti abbaan idaa ykn gaafattoonni maallaqaa ol iyyata gaafachuuf mirga qabu, kwt.697.**

# Baniinsa Adeemsa Kisaaraa,696

**Qaamni Iyyata Baniinsa Kisaaraa dhiyeessu:-**

- **abbaa idaa**
- **namoota abbaa idaa waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee qabaniitiin**
- **Liqeessitoota mirgi gaaffii kaffaltii bilchaataa qaban**
- **qulqulleessituu qabeenyaa**
- **Abbaa alangaa**
- **mana murtii adeemsa falmii keessatti abbaan idaa kaffaltii addaan kutuu**

# Cont...

- **Manni murtiis guyyaa iyyanni dhiyaatee kaasee guyyoota 7 keessatti iyyata kisaaraa dhiyaate abbaa idaa beeksisuun abbaan idaa guyyoota 20 keessatti mormii ykn yaada waliigaltee akka ibsatu ykn kaffaltii kan addaan kute yoo ta’e gara deebisanii gurmeessuu ykn gara sirna kasaaraatti akka ce’u yoo barbaade yaada ibsata.607.**

# Cont…

- **Manni murtiis iyyata fi yaada abbaa idaa qorachuun baniinsa kisaaraa labsuu ykn adeemsa deebisanii hundeessuu kennuu danda’a.**
- **Akkasumas,erga daldalaan hojii dhaabee du’e ykn galmee daldalaa irraa guyyaa haqamee kaasee hanga waggaa 1yoo kaffaltii dhaabe kasaare jedhuun labsama.**
- **Daldalaan galmee daldalaa irratti hin galmoofne yeroo kaffaltii addaan dhaabe kamittiyyuu akka kasaaretti ni labsama,kwt.708**

# Cont...

- **Murtii iyyata baniinsaa sirna kisaaraa labsuun ykn kufaa gochuun kennamu abbaa idaatiin, A/A ykn gaafatoota maallaqaatiin guyyaa 10 keessatti kan ol iyyatamu yemmuu ta’u, sirna gabaabaatiin ji’a 2 keessatti kan murtaa’u ta’a.**

# Gahee Hojii Qamoota Adeemsa Kisaaraa Gaggeessan

## A/S To’ataa(Supervisory Judge),kwt.716.

- **Bu’uura SD kwt.606tiin;-**
- **gaaffiwwan maallaqaa kasaaruun duraa simachuu,**
- **qabeenya abbaa idaa eeguu,**
- **hojii daldalaa sirna idileetiin ala jiran eeyyamuu,**

# Cont...

- **itti fufiinsa ykn addaan citiinsa kontiraataa irratti murteessuu,**
- **kaffaltii adeemsa kasaaruun duratti raawwatamu ajajuu,**
- **dhimmoota adeemsa kasaaruu aangoo mana murtii jalatti kufan gara mana murtiitti qajeelchuu,**
- **bulchituun qabeenyaa abbaa idaa bakka bu’ee falmii akka gaggeessu eeyyamuu dha.**
- **Ajajni abbaan seeraa to’ataan kennu akka ajaja mana murtiitti fudhatama.**

# Bulchituu Qabeenyaa (Trusty)kwt.718

- **Bu’uura kwt.742-746tiin:-**
- **AS to’ataa jalatti qabeenyaa nama kasaaree bulchuu,**
- **qabeenyaa abbaa idaa haala irra jiru beekuuf qaama mootummaa,dhaabbilee liqii fi kan biroo irraa odeeffannoo sassaabuu,**
- **gargaarsa abbaa idaatiin tarree qabeenyaa qopheessuu, kasaaruun duratti gaaffii kaffaltii dhiyaatu akka simatu ykn kufaa godhu yaada gorsaa to’ataa abbaa seeraatiif kennuu, galmee qabeenyaa irratti, idaa,waliigalteewwan adeemsarra**

# Cont...

- **Idaa gibiraa fi ashuuraas qaama ilaallatu beeksisuu.**
- **Madaallii herregaa hojjachuun beeksisuu.**
- **Qabeenyaa abbaan idaa dafee baduu ykn gatiin isaa fuulduratti hir’achuu danda’u ykn olkaa’uuf,eeguuf baasii baay’ee barbaadan akka gurguraman ni godha.Akkaataan gurgurtaa isaa abbaa seeraa to’ataatiin murtaa’a.**
- **Murtii bulchituu qabeenyaa kennu irratti komiin AS to’ataatti kan dhiyaatu yemmuu ta’u AS to’ataas guyyaa 3 gidduutti murtii**

# Cont...

- **Bulchituun qabeenyaa abbootiin qoodaa (aksiyoonaa) ykn shariikoonni(partners) idaa akka kaffalan waamicha ni godha.**
- **waamamtoonnis guyyaa kudhan keessatti dhiyaatanii maallaqa abbootii mirgaatiif waada seenan kaffaluu yoo baatan bulchituun tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu danda’a. kwt.743.**

# Koree Gaafattoota Maallaqaa(Creditors' Committee) 722

- **Kisaaraan labsamee guyyaa 10 keessatti AS to'ataan Koree nama shan namoota gaaffii maallaqaa ol'aanaa qaban keessaa ni hundeessa.kwt.722. Koreewwan kun dantaa gaafattoota maallaqaa hunda bakka bu'u.**
- **Abbaan seeraa to'taan, bulchituun qabeenyaa fi manni murtii akkaataa barbaachisummaa isaatti koree kanarraa gorsa gaafachuu danda'u, kwt.723.Koreen kun, bulchituu qabeenyaa to'achuu fi bulchituun qabeenyaa akka bakka buufamu mana murtiitti iyyachuufis aangoo qaba.**

## Abbaa Alangaa,724,740

- **A/Alangaa sanada abbaa qabeenyummaa fi ragaawwan adeemsa kasaaruutiin walqabatan abbaan seeraa to’ataan akka dhiyeessu ajajuu ni danda’a.**
- **Akkasumas, adeemsa falmii abbaa idaa ilaallatan abbaa seeraa to’ataatti beeksisuuf dirqama qaba.**
- **Tarreen qabeenya abbaa idaa yemmuu qophaa’u beekuu, irratti argamuu, sanadoota adda addaa ilaaliif mirga qaba.**

# Bu’aa Murtii Baniinsa Kisaaraa

**Mirgoota Abbaa Idaa Daangessuu:-**

- **abbaan idaa mirga qabeenyicha ilaallattu hundumaa ni dhaba.**
- **Aangoo himachuu fi himatamuu kan bulchituu qabeenyaa ta’a.**
- **Gaaffii abbaa idaatiin manni murtii yemmuu mirkaneessu abbaan idaa falmii keessatti hirmaachuu danda’a.**
- **Haata’u malee, falmii yakkaa keessatti dimmoota dhuunfaa kanneen akka falmiiwwan beenyaa ilaalchisee mirgasaa fayyadamuu ni danda’a.**

# Cont...

**Qaamni Kasaare/abbaan idaa:-**

- ✓ **sanada ykn ibsa waliigaltee kan galmaa'ee fi hin galmoofne bulchituu qabeenyaatti kennuu qaba**
- ✓ **Abbaan seeraa to'ataan otoo hin eeyyamin naannoo jireenyaa irraa fagaachuu hin danda'u.**
- ✓ **eeyyama abbaa seeraa to'ataatiin bulchituu qabeenyaa jalatti qacaramee hojjachuu danda'a. SD kwt.758.**

# Hojii Daldalaa Addaan Dhaabuu

- **Baniinsi kisaaraa hojii daldalaa nama kasaaree akka dhaabbatu ni godha.**
- **Haala addaatiin, dantaa liqeessitootaa caalaatti kan fayyadu fi hojii daldalaa sochiirra otoo jiruu gurguruuf yoo ta’e ibsa abbaa seeraa to’ataa fi koree gaafattoota maallaqaa irratti hundaa’uun yeroo hanga ji’a 2 ykn ji’a 4f daldalli akka itti fufu ajajuu danda’a, kwt.744.**
- **Hojii daldalaa kanas bulchituun qabeenyaa ni gaggeessa. Labsama kisaaraa booda gaaffii maallaqaa dhiyaatu akkaatuma waliigalteetiin kan raawwatu ta’a.**
- **Warra wabummaa qaban, mirga dursaa qaban, maallaqa haaraa argame fi idaa wabummaa hin qabneef kaffaltiin duraa duubaan ni raawwatamaaf.**

# Cont...

- **Bu’uura SD kwt.744tiin manni murtii sochiin hojii abbaa idaa akka itti fufu kan eeyyame yoo ta’e, bulchituun qabeenyaa daldalli sochii irra otoo jiruu akka gurguramu qopheessuun gurgurtaa ni raawwata.kwt.749.**

# Cont...

- **Akkuma hojiin daldalaa akka itti fufu eeyyamameen manni murtii qulqulleessi qabeenyaa taasifamee akkaataa duraa duuba isaatiin idaan akka kaffalamu ni ajaja.Kwt.775.**
- **Bulchituun Qabeenyaa socho'aa fi hin sochoone bu'uura SDFHH tiin kan gurguru ta'a. kwt.776.**
- **Qabeenyi gurguramus haalduree kamiyyuu, idaa, dhorkaa,itti gaafatamummaa fi kaffaltiiwwan adda addaa irraa bilisa ta'uu qaba,SD kwt.776.**

# Cont...

**Adeemsi abbootii mirgaa wabummaan qabeenyaa idaan qabame gurguruu jalqabame sababa baniinsa kasaaraatiin kan addaan cite yoo ta’e, bulchituun abbaa mirgaa bakka bu’uun qabeenyaa idaaf qabame ni gurgura.kwt.777.**

**Bulchituun qabeenyaa guyyaa baniinsa kisaaraa irraa eegalee ji’a 6 keessatti adeemsa gurgurtaa yoo hin eegalle, abbaan mirgaa qabeenyaa wabummaan qabate akka gurguratu ta’a.**

# Cont...

**Gurgurtaan daldalaa adeemsa deebisanii gurmeessuu keessatti yoo hin taasifamne, bulchituun qabeenyaa socho’aa qaqqabamoo fi qaqqabamoo hin taane caalbaasiin ykn dhuunfaatti akka gurguramu godha.**

**Kwt.777 fi 778. Gurgurtaan taasifamus abbaa seeraa to’ataatiin mirkanaa’uu qaba.**

# Qabeenyaa Waliinii Dhirsaa fi Niitii

**Gaheen qabeenya dhuunfaa abbaa manaa haadha manaa nama kasaaree hangami kan jedhu bu’uura SMO kan ilaalamu yoo ta’a.**

**Haala addaatiin garuu gaafattoonni maallaqaa qabeenyaan maqaaa abbaa manaa ykn haadha manaatin jiru maallaqa nama kasaareetiin kan bitame ta’uu ragaan yoo mirkaneessan gara qabeenyaa nama kasaareetti akka makatu abbaa seeraa to’ataa gaafachuu ni danda’u. 759.**

# Mirga Gaafattoota Maallaqaa

- **Falmiiwwan kaffaltii raawwachiifachuuf adda addatti dhiyaatu addaan ni kuta, kwt.761, kwt.654 fi 657 waliin.**
- **Guyyaa kisaaraan labsamee eegalee aangoon qabeenya abbaa kasaareetiin himachuu fi himatamuu kan bulchituu qabeenyaa ta'a. kwt.760.Abbaan idaa eeyyama mana murtiitiin falmii gidduu seenuu ni danda'a.**
- **Qabeenyaa to'annoo nama wabummaaf qabatee jala jiruun alatti qabeenyaa wabummaaf qabamee jiru bulchituun qabeenyaa gurguruuf aangoo qaba,kwt.761.**

# Cont...

- **yemmuu adeemsi kasaaraa banametti qabeenyi socho’aa qaqqabamoo fi qaqqabamoo hin taane qabeenyummaan isaa kan nama biraa ta’ee garuu immoo harka qabiyyee abbaa idaa jiru ni deebi’aaf.kwt.751.**
- **Qabeenyi isaa akka deebi’uuf abbaan qabeenya iyyata bulchituu qabeenyaatti dhiyeessuun bulchituun qabeenyaa kufaa jalaa yoo godhe abbaa seeraa to’ataatti ykn mana murtiitti kan iyyatu ta’a.**

# Cont...

- **Gaaffiwwan kaffaltii kisaaraan dura jiran akkuma kisaaraan labsameen akka yeroon kaffaltii isaanii gahetti fudhatamuun kan kaffalaman ta'a.kwt.764.**
- **Waliigalteen kiraa kan addaan cite yoo ta'e, kwt.595.kireessaan kaffaltii kiraa fi beenyaa kiraadhaan wal-qabatee hanga waggaa lama dura jiru gaafachuuf gaafattoota maallaqaa warra kaan irra mirga dursaa ni qabaata.kwt.765.kunis qabeenyaa kireessaa ta'us ta'uu baatus qabeenyaa socho'aa manaa fi kan waajjiraa mana kiraa keessa jiru ni dabalata.**

# Duraa Duuba Kaffaltii,kwt.786

1) **Baasiin qabeenyaa wabummaaf qabame gurguruuf bahe**
2) **Gaafattoota Maallaqaa qabeenyicha gurgurame wabummaan qabatan(Secured creditors)**
3) **Baasii adeemsicha raawwachiisuuf bahan**
4) **idaa deebisanii caasessuu keessatti maallaqa haaraa dhiyaate**
5) **Adeemsa deebisanii gurmeessuu keessatti maallaqa haaraa argame**

# Cont...

6) **Adeemsa kisaaraa keessatti eeyyamaan maallaqa haaraa argame**
7) **Kisaaraa booda waliigaltee taasifame bu’uureffachuun gaaffii kaffaltii dhiyaatu**
8) **Kaffaltii hojjattootaa fi wabii hawaasummaa**
9) **Gibiraaf ashuuraa mootummaa**
10) **Qallaba nama kaasaaree fi maatii isaatiif akka oolu ajajame**
11) **Gaafattoota maallaqaa mirga addaa qaban kan biroo(other preferential right holders)**
12) **Gaaffiwwan mallaqaa wabummaa hin qabne**

# Cont...

- Hangi maallaqaa gaafattoota maallaqaa gahaa yoo hin taane, gaafattoota maallaqaa sadarkaa wal-fakkaataa irra jiran kan qoodamu hanga gaaffii kaffaltii isaanii waliin haala wal-madaaluun(pro rate basis based on admitted claim) ta’a.
- Hata’uu malee, asii gadeetti gaafattoonni maallaqaa sadarkaa ol’aanu guutummaatti kaffaltii otoo hin argatin warri jalaa argachuu hin danda’an.kwt.789. Haalli qoodinsa kaffaltii bulchituu qabeenyaatiin qophaa’e, abbaa seeraa to’atiin mirkanaa’ee mana galmee mana murtiitti galii ta’a.

# Cont...

- **Kaffaltiiwwan gaafattoota maallaqaatiif duraa duuba isaanii eeggatanii erga raawwatamanii booda maallaqni hafe yoo jiraate abbaa idaatiif ykn waldaa qaama seerummaa qabu yoo ta’e bu’uura barreeffama hundeeffamaatiin abbootii qoodaatiif( aksiyoonaatiif) kan kaffalamu ta’a. kwt.793.**

# Idaarraa Bilisoomuu,799

- **Namni uumamaa idaan hin kaffalamne yoo jiraates guyyaa sirni kisaaraa akka banamu murtaa'ee kaasee waggaa 3di booda idaa kamirraayyuu bilisa ta'a.Idaaraa bilisa ta'uun galmee daldalaa irraa abbaa idaa hin haqsiisu.102(3).**
- **Haata'u malee, daldaltoonni kisaaraan wal-qabatee yakkaan balleessa jedhaman, qabeenyaa dhoksuu/dabarsuu isaaniitiin ragaan kan irratti dhiyaate, adeemsa labsama kisaaraa keessatti yaada gaariin deeggarsa barbaachisaa kan hin goone, kkf idaarraa bilisa ta'uu hin danda'u.kwt.799(2)ilaali.**
- **Idaawwan kan akka taaksii,qaraxaa, Idaa fi qallaba diigamuu gaa'ilaatiin wal-qabatu fi adabbiiwwan yakkaa irraa bilisa ta'uu fi kkf irraa daangaa yerootiin bilisoomuun hin danda'amu.**

# Cufiinsa Adeemsa Kisaaraa

- **Qulqulleessa qabeenyaa keessatti maallaqa argame qoodamee yemmuu xumuramu,**
- **Qabeenyi gahu yoo hinjirre,**
- **Idaan qabeenyicha irraa barbaadamu yoo hin jirre.**
- **Murtiin adeemsa kisaaraa cufuu kenname manni galmee galmee daldalaa irratti akka galmaa'u godha. Kwt.798.**

Horaa bulaa!